


KUTAA TOKKOFFAA

Eebbisaa jedhama. Godina arsii aanaa shaan kooluu ganda dhummuugaa ballaatti dhalatee guddate. Barnoota isaa sadarkaa tokkofaa achuma mana barumsaa dhummuugaa qallaa sadarkaa tokkoffaatti baratee xumure. Barnoota isaa sadarkaa lammaffaaf mana baromsaa dhummuugaa sadarkaa lammaffaa magaalaa dhummuugaatti akka baratu carraa argate. Barris bara 2002 akka lakkoofsa biyya keenyaatti. Hayoomeen hiriyaa daree tokko wajjiin barataniidha. Hayoomeen magaalaa dhummuutti kan dhalattee guddatte. Akkasumas mucaa simbo qabeettiidha. Simboo ishiirraa hamma tokko yoon isiniif kaase hayoomeen dheerina bay'ees hin qabdu.

Gabaabdus miti jiddu-gala namati. Bifti ishee magaala bilchoodha. Rifeensi ishee luucadha. Dugda ishee irraa yeroo dhangala'ee jiru namni ilaale waan nuugiin gaararraa gad naqame fakkaata. Rifeensa luucaa gurraacha mudhii bira gad dabree akka eegee fardaa fakkaatu qabdi; koonkonni funyaan ishee kan akka gamoo dureessatti dhabbatu; ija ishee goobana fakkaattu kan nyaarri gubbaarratti qal'atee wal tuqee qabdi. Tasa fuulduraa yoo itti dhufte ifa fuula ishiirraa kan ijji si baddu fi ilkaan ishee kan aannan ameessaa fakkaatu; kan uumaan irgoo gurraacha badhaase; yoo kofaltu garaan nama naha. kaarruu ishee kan qaawa uraa lilmee fakkaatu, morma ishee dhuundhuma gahu, hidhii ishee qaqal'oo kan waan maqasaan wal qixxeessanii muran fakkaattu fi mudhii ishee qal'oo nama halaala dhaabbatee ilaaletti lakkoofsa saddet fakkaattu fi rifeensa luucaa tokko kan gurra biraan qal'atee gadoo diriire fi mallaa ishee kan yeroo ishen kofaltu dhusuq jedhu qabdi. Hayoomeen intala kichuu, qacalee, asheeta maruura, qaccee namni qeenssa hin kaahin turte.

Walumaagalatti Hayoomee argitee garaan dandahee bira sin kutu. Kabaja fi namummaan ishiin namaaf qabdu bayyee nama booji'a. Hayoomeen barnoota ishiitti baayyee cimtuudha. Yeroo baayyee daree keeysatti Eebbisaa fi Hayoomeen wal bukkee taa'aa turan. Barnoota isaanis yeroo tokko tokko wajjiin qayyabatan. Eebbisaan Hiriyummaa ishii baayyee jaalata ishiinis akkasuma. Hariiroon jaalalaa isaa fi ishii gidduu jiru hariiroo barnootaatiin ala waan biraa homaatuu if keeysaa hin qabu ture .

#Asoosamni kun kutaa soddomii lama qab. Hunda isaa agadhiisuun duratti channel keenya miseensa baayyee akka horatu barbaanna. Link isaa isiniif keenyee jirraa.

https://t.me/Asoosamaafaanoromoopdf

Maatii channel keenyaa tahuun nu cinaa dhaabbadhaa isiniin jenna.

Qaqqaaliiwwan ilmaan oromoo waliin taanee afaan keenya haa guddifnuu!